**Gaaffiin uummata Oromoo gaaffii bittaan EPRDF Wayyaanee OPDO hundeetiin Biyya Oromiyaa irraa haa buqqa'uuti malee, gaaffii bulchiinsi gaarii OPDO fooyya'ee nurratti haa cimuu miti!!**

Gaaf tokko, maanguddoo Oromoo tokkoofi daa'ima Oromoo tokkotu wajjiin karaa adeema jedhan. Arba guddaa tokkotu quuncee qallishaa tokkoon hidhamee dhaabbata jedhani. Daa'ima kanatu maanguddicha gaafate.

Abbaa guddaa arbi guddaan kuni akkamitti guuncee hangan geessu kanaan hidhamee dhaabbata? Maaliif mormasaa irraa of irraa kutee of walaboomsuu dadhabee? Jennaan,

Arbi kun gaafuma dhalatedha quuncee kana itti hidhaniin seha yaaboo gaafa dhalatu yoo akkanatti kanaan hidhamee dhaabbachuu bare. Har'as erga guddatee waan danda'ee ufirraa kutu hinsehu. Gabrummaatti madaqee hidhamee dhaabbata. Jedhe jedhu, maanguddoon Oromoodhaa.

Nutis Sheekkoo gabaabduu Oromoo kana waa malee hin yaadanne. Qilleessa jiduu kanaatu dirqama sheekkoo kana akka yaadannu nudirqe.

Guyyaa hundeeffama OPDO waayyaa 26ffaa ilaalchisee jiduu kana aangawootni OPDO qaanii isaaniitiin boonanii laphee dhiibanii kan isaan media irratti qaaqaa jiran ilaalleetti silaayis barana gola gola keessatti kaabinootni walitti dhufanii alaabaa OPDO fi kan gooftolii isaanii qabatanii nama hedduu of fakkeessuuf bakka tokkotti kaameraa fuula durattti walitti qabamanii yoo kabajattan malee gad bahanii dirreefi qe'ee Oromoo irratti dhiiga ilmaan Oromoo gubbaatti dhaabbatanii ayyaaneffachuu silaayis eenyu isaanitti dhiisa? Isaanuu hin yaadani. Hin yaalle illeeti waarra yaales Oromoon gabrummaarra du'a filate gad ba'ee akkatti qaanii isaan haguuggachiise bakka maratti argaa jirra.

Bitamtichi TPLF Taayyee Tekile hayimaanot maqaa Oromoo moggaafatee Kumaa Dammaqsaa ufiin jedhu akka dubbatetti OPDO’n uummata dachee Tigiraay Adeet jedhamu, uummata kutataa Gootafi Qabsaawaa keessatti hundeeffamuunsaa nuboonsa malee nun qaanessu!! Uuummanni Tigraay uummata itti boonamuu qabudha! Jechuun cimina amantaa baandummaa  isaa lafa godheera.

Silaayis inni seenaa Oromoofi eenyummaa Oromoo maalitti beekaafi Oromummaan boonaree?!

Seenaa inni qabu hundi seenaa boojuuti! Bara darguufi somaaleen wal waraanan waraana darguu ture. Somaaleen boojitee waggaa 11 somaaliyaa ture.

Achii somaaleen isa hiiktee gadhiifte jennaan ammas wayyaaneen isa boojite. Seenaa Oromoo qorachuuf yeroo hin arganne.

Achi durattis ta’e achii booda balbala Yuunvarsiitii illee ejjetee hinbeeku! Kitaaba dubbise hin qabu! Nama Beekumsarraa walaba ta’edha!

Beekumsaa inni qabu namni booji’ame tokko maal jedhee akka qaama isa booji’e kanatti yoo dubbate ykn raawwate lubbuunsaa ooluu akka dandeessu qofadha! Walumaa gala beekumsaa qaba jedhamee kan tilmaamamu yoo ta’ellee beekumsaan isaa Falaasama nama boojuu tokkooti malee falaasama nama bilisaa tokko miti!!

**Oromoon gootummaanis ta’e waan hundaan akka uummata Tigraayiin caalu Kumaan waan beeku hin qabu**.

Garuu boojuu isaanii jala waan jiruuf akkuma farda gaarii gara isaan ilaali jedhanitti ilaaluu malee sammuu bilisa ta’e qabaatee haqa xiinxaluu hin danda’u.

Egaa Taayyeen/Kumaan akkuma Arbicha Olitti kaafne sanaati. Sammuunsaa gabrummaa gaafa boojuu jaraa ta'e sanaan uummata Tigiraay goota gootee amantee jirtu, har'as dabalee sanuma yoo nutti hime, hedduu nudinquu hin qabu.

Waan boojuun tokko odeessu nuti yoo wallaallee kan biraa irraa eegne kan balfamuu qabu booji'amaa sana otoo hin taane waan booji'amaan kun odeessu wallaalee kan biraa yoo irraa eegne unu mataa keenyadha.

Kana jechuun arba olitti kaafne kanaaf namni dhugaa gadduudha qaba malee arbi kun otoo humna qabuu akkamitti quuncee kanaan hidhamee dhaabbata jedhee arbicha balfuu hin qabu!

Arbichi duraan sammuusaatu du'ee jira. Xiinsammuusaatu hidhaa jira.

Har'a baay'een namoota keenyaa OPDO keessa jiran warra akkasiiti!

Tigreen hamma quuncee sanaa hin geenye Oromoo hamma arbaa ga'u kana hidhaa xiinsammuutiin akka hiitee jirtu hin hubanne.

Uummanni Tigraay miiliyoona shan hin goonne uummata miiliyoona shantamaa ol akki inni itti bite icciitii inni guddaan isa kanadha!

Namootni akka Kumaafi akka arba sanaa gabrummaa sammuu jalaa bahuu qabu! Tigreen akka Kumaan yaadutti uummata goota addaa taatee otoo hin taane 1ffaa NI IJAARAMTE, 2faa NI HIDHATTE 3ffaa ICCIITII ISHEE NI EEGGATTE 4ffaa WALIIF AJAJAAMTE

Oromoon qabxiilee olitti tarreeffaman kana raawwannaan Oromiyaa guutuu haa turuutii godinni Oromiyaa tokkichillee Tigree cabsuun isa hin dhibu.

**Faayidaa uummata keenyaa dabarstee diinaaf kennuuf hundooftee kanuma gochaatti kan jirtu OPDO'n guyyaa hundeeffama ishee**

**kabajuu haa turuu maqaa Oromootiin baandaan biyya gurgurtu kun hundeeffamuumti isheeyyuu Oromoof qaaniidha!**

**Kanaafuu guyyaa kun guyyaa seenaa Oromoo keessatti Oromoo 'foorjiidiin' dhalatte waan ta'eef guyyaa gaddaati!**

Dhaabbata Oromoo gabrummaa wajjiin araarsuuf hoojetutu Oromoo afaan faajjessuufi daallaluuf dhalate.

Dhaabbata Otoo taayitaa itti hin qabaatiin taayitaan ana harka jira maqaa Oromootiin taayitaa qabdheera jedhu.

Dhaabbata otoo hin jiraatiin niin jira jedhu. Dhaabbatni otoo mirga ofiituu kabajsiifatuu hin danda'iin lammiisaa ajjeesisisaa mirga Oromoon kabjsiisa jedhu! Dhaabbata biyya saamsisaa biyyaan guddisa jedhu. Dhaabbata Afaan haadhasaa dhiisee kan halagaa itti tajaajilamuun qarooma itti fakkaatu.

Dhaabbata qawwee hidhatee murnoota isa hin geenyeen garboomee ergamtuu ta'e kan akka OPDO kana addunyaarra illee barbaadanii arguun nama dhiba.

Farra qabsoo Oromoo kan taate OPDO'n erga dhalattee otoo hin taane dhalootumadha bade. Dhaabbiilee Oromoof falmina ofiin jedhanii ijaaramanii jiran keessaa Afaan Oromoo galaana guddaa corroqaan liqimfamee waggoota 130f hacuucaa jala jiru kana illee afaan biyyaalessaa gochuuf dhaabbatni sagantaa siyaasaa isaa irraa hinqabne yoo jiraate OPDO qofaadha!

Hinumaatu OPDO'n dhaabbilee mitii mootummaa guddina Afaan Oromoo irratti hojjetan lafarraa duguuguun, namoota dhuunfaa kanneen akka aartistoota Oromoo irratti duuluun lubbuu baasisaa, mana irratti diigaa biyyarraa ariisisaa hidhaan dararaafi torch gochiisiisaa kan jirtu ta'uun nibeekama. Akka ilaalcha OPDO tti namni guddina afaan

Oromoof quuqamu, Afaansaa guddisuuf ifaaju hundi ABO dha ykn ammoo diina OPDOti. **Gaafa namichi guddina Afaan Oromoof yaaduunsaa mirkanaaye irraa jalqabee galmee gurraacha OPDO irratti galmeeffama.** Achi booda eeboon ittiin waraanamu ableen itti gorra'amu qaramaafii. Adeemsisaa marti hordofamee sakaalama. Jiruufi jireenyaan daakamee laamsha'ee akka taa'u taasifama.

Kaan haaturuu qabxiilee keeyyata mootummaa wayyaanee irra jiran mirga Oromoon Finfinnee irraa qabu illee raawwachuuf haa turuu gaafachuufuu sodaatanii har'a gahaniiru.

Handhuura Oromiyaa, Magaalaa Finfinnee keessatti Afaan Oromoon barachuun adeemsa OPDO kanaan waan yaadamu miti.

Taayitaa siyaasaa biyyattii keessaa Oromoon bakka hin qabu!

**OPDO'n qooda ergamuu malee qooda biyya hogganuu keessaa qabaateetuu hinbeektu**! Otuma bololtuu hafti malee ammoo Qabaachuullee hindandeessu!

Sammuun isaanii maaliif akka isaan qeequu/ceepha'uu dide namaaf galuu baatus OPDO'n dhaaba ashaangulliitii akka taate uf hinbeektu jechuun hindanda'amu.

Otuma beekaniiti Oromoo sobu. Fkn otoo uummanni Oromoo hundi master pilaanii mormaa jiraachuusaa beekanii uummanni magaalaa ebaluu master pilaanicha deeggaree walgahii akkanaatii irratti murtiisaa dabarfate jedhanii hololuu eegalanii ture.

Otoo uummanni Oromoofi beeyledaansaa lafarraa haxaawamaa jiranii Oromoon sooromee miiliyeenera ta'e jedhanii hololu.

Gamoo Tigirootni qonnaan bulaa Oromoo lafarraa buqqistee mataa keenya gubbaatti ijaarratte suuraa kaasanii Oromiyaan misoomte jedhu.

Dubbii keenya irratti erga FXG'n cimee ilmaan Tigirootaa magaalaa Finfinnee keessatti illee yoo danda'an Oromoo share keessa galchuu ykn ammoo yoo xiqqaate gamoo ijaaran maqaa Oromoo itti moggaasuutiin muddamanii jiraachuu meeqankeenyatu quba qaba laata?

**Itti hingurguriin; irraa hinbitiin!!** Qeerroon eegalteefi balaa jalaa miliquuf fakkaatanii buluuf toftaa maayyii galgala keessa isaanii dhuftedha.

Egaa Oromiyaan kan misoomte talavizyinii Oromiyaa irratti qofaadha!

OPDO'n eenyudhaa?

Dabballootiin OPDO hunduu jechuun danda'ama. Kan sirnaan yuunvarsiitii galee eebbifame tokkollee hin jiru Muktaar kadiir irraa eegalee hanga gadiitti kan jiran Koolleejjii sivil sarviisii irraa akkuma koobil stone itti oomishamanii kan bahanidha.

Yeroo tookko maqaasaa dhahuu kanniin hinfeene barsiisaa Afaan Ingilizzii tokkotu ABO dha jedhamee hojiirraa arihatamee bakka galu dhabee biiroolee Oromiyaa magaalaa Finfinneetti argaman keessaa tokkotti waardiyyummaan qacaramee hojjeta ture.

Guyyaa tokko faranjoonni biiricha dhufanii hogganaa biirichaa dubbisuu barbaadu Hogganichi ammoo afaan ingilizzii dubbachuu waan hindandeenyeef warri biiroo sana keessatti isa beekan akka waardiyichi dhaqee turjumaanuuf ta'e….Dhiiroo dhugaa dubbachuuf, OPDO'n cubbuu uummata Oromoo irratti hin hojjenne hin qabdu.

Sammuun hojii hin hojjenne galma sheexanaati akkuma jedhaamu. OPDO'n haffuura hammeenyaan guutamtee, shira, soba, fakkeessuu otoo hibeekiin beekaa of fakkeessuufi kkf garuu dorgomaa hin qabdu.

Amma jidduu kanammoo “Oromoo kan narratti fincilchiise rakkoo namoonni tokko tokko OPDO keessatti argaman biiroo keessatti nama sirnaan keessummeessuu dhabaniiti. Kanaafuu qorannootiin of wayyeesseen Bulchiinsa gaarii isiniif argamsiisa. Hangasuu naaf obsaatii FXG keessan dhiisaa dhiifama nuuf godhaa” Jechaa jirti.

Kan nama dhibu ammoo polotokaa akka kubbaa miilaatti mirmirsanii goolii nurratti lakkoofsisuufidha malee sa’aa akkas jedhan afaaniin sobanii nu tasgabbeessuuf dhiifama jedhan kanatti illee dhiigni ilmaan Oromoo bakka hundatti gad nam’aa jira. Humna waraanaa nurratti bobbaasanii waraanaan nubituuf yaaluufi dhiifamni walirraa fiixee lamaanidha.

Gama kaaniin ammoo Warri OPDO akkuma jedhan namootuma muraasa isaan keessatti argaman sabaaf laalatanuu hojiirraa arihuufi hidhuun namoota isaaniitti geeddaruuf karoorfatanii maqaa bulchiinsa gaariitiin namoota gaarii ciruun itti fufeera.

Garuu kan isaan hin hubatiin kun rakkicha daranuu hammeessa malee jalaa isaan hinbaasu.

Oromoon ammoo daranuu kan jechaa jiru Bulchiinsa gaarii dhiisaatii bulchiinsuma sanarra iyyuu maaltu isin kaayee? Dha gaaffiin jiru.

Bulchiinsa kanarra kan isin kaaye uummata Oromoo otoo hintaane diinota Oromooti jechaa jira.

Dhugumattimmoo bakkicha bakka namni sabaaf laalatu, mataasaa caalaatti sabaaf of wareegutu taa’uu qaba malee gantoota akka OPDO sabaaf qabsaawuuf hamlee hin qabneef biyya bulchuun biyyattii abaarsaaf dabarsanii laachuudha.

Warri OPDO kaan haaturuu uummanni Oromoo kumootaan lakkaa’amu baatiilee muraasa keessatti bulchiinsa humna waraanaa jala galee wayta

dhiinginsaa roorristoota wayyaaneen dhangala’ee lubbuun qisaasamaa jirutti. Sanyii balleessii kana deeggaruun galata galchaafii kan jiru OPDO dha.

Har’as ajjeechaan kun itti fufee jira. Oromoon Kumootaan lubbuun badeera, kumootaan madaayee miiliyoonotaan hidhaa jira.

Kun dhugaa ta’ee otoo jiruu OPDO’n har’a qooda fakkeessitee buluu sanallee dhabdee moggaatti qabamtee jirti.

Biyya bulchuu keessaayis harka hin qabdu. Biyyittii bulchaa kan jiru Humna Ittisa wayyaanee, Poolisa Federaalaafi isa isaan VIP jedhanii yaaman Damee tikaa wal ta’uunidha.

Poolisoonni Oromiyaafi Bulchiinsi OPDO erga tuffatamee moggaatti qabamee bubbuleera. Garuu ifatti bulchiinsa keessa yoo seenuu baatanis duras wayyaaneen takkaa OPDO kabajjee hin beektu. Ganama akka seenaniin Oromiyaa bulchaa kan ture Biiroo Kumaa Dammaksaa taa’ee kan qajeelfama kennee gabaasa fudhatu, nama Solomoon Tsiimoo jedhamu ture. Garuu sun dhoksaadhaanidha. Har’ammoo Ifatti bulchiinsi Oromiyaa,  bulchiinsa waraanaa olitti ibsaman kana jala galee jira. Egaa bulchiinsi gaariin OPDO’n baanu isa kamiree?

Moo falmaan Oromoo OPDO’n isarratti cimee bulchiinsa isaa fooyyeffatee biyya saamsisuufi Ajjeesisuu akka itti fufsiisu Oromoon akka isaaniif haayyamudhaa?

Muktaar Kadir jidduu kana akka jedhetti OPDO’n dogoggora isaa irraa barachaa jira. Bulchiinsa gaarii ni argamsiisna jedha.

Namni beekeeti biyya bulcha moo dogoggoraan biyya balleesseeti balleessaa balleessee, balleessaa barata???

Kan nama dhibu ammoo beekanii biyya bulchuuf illee yoo beekumsa dhaban balleessaa illee barachuu dadhabuun isaanii garuu nama gaddisiisa.

Otoo dhuguma balleessanii barachuuf qophii ta'an mormiin master pilaanii illee bara 2014 irratti dhaabbata ture.

Haa ta'uutii gaaffiin uummata Oromoo kan eenyullee qawweenis ta'e sakkabaan haaluufi dura dhaabbachuu hindandeenye gaaffii abbaa biyyummaati!!

**Gaaffiin uummata Oromoo gaaffii bittaan EPRDF Wayyaanee OPDO hundeetiin Biyya Oromiyaa irraa haa buqqa'uuti malee, gaaffii bulchiinsi gaarii OPDO fooyya'ee nurratti haa cimuu miti!!**

**(Hariiroo Jorgootiin-Qeerroo Bilisummaa Oromoo-Oromiyaa!!)**